

ODEEFFANNOO KEESSAN. MIRGOOTA KEESSAN. ITTI GAAFATAMUMMAA KEESSAN.

Beeksisa Gochaalee Iccitii Dhuunfaa
dhaabbilee qaama HealthPartners ta’anii.

Beeksisi kun akkamiin odeeffannoon meedikaalaa keessan tarii faaydaa irra akka oolu fi qaama biraatif itti kennamu fi carraa isa ittiin argachuu danda’an kan ibsuu dha. Ofeeggannoon keessa deebi’aa maaloo.

Adoolessa 17, 2018 Irraa Eegalee

GOOLABBII

Ergamiinsi keenya miseensota, dhukkubsattoota fi hawaasa keenyya waliin ta’uun fayyaa fi nageenya fooyyessuu dha. Nuti kan barbaannu deeggarsa argachuu fi kunuunsi fi hammi uwwisa isaa isiniif godhamu isinitti himamuu ta’uun isaa akka isinitti dhaga’amuu dha. Kunis kan ofkeessaa qabatu akkamiin odeeffannoo keessan nuti itti oogganuu fi fayyadamnu ibsuu, fi mirgoota fi filannoowwan odeeffannoo sanaan wal qabatani dha.

Iccitaawummaan dhuunfaa mata duree wal xaxaa ta’ee dha. Afaanfaajjessa ta’uu danda’uu isaa nuti ni beekna, keessumattuu yeroo seerri naannoo fi feederaalaa adda ta’e hojjiira oolutti. Amaanaa isin wal’aansa, kunuunsa fi uwwisa isaatif nuun filattanii nurra keessan nuti ni kabajna. Goolabbiin kun mirgoota fi filannoowwan, fi itti gaafatamummaa keenya akkamiin odeeffannoo keessan akka itti fayyadamnuu fi kenninu, nuti hammam seera akka hordofnu fi amaanaa keessan kabajuu keenya akka hubattan isin gargaara jennee abdi qabna.

ODEEFFANNOO KEESSAN

Beeksisa kana keessatti, yeroo nuti jecha “odeeffannoo keessan” odeeffannoo addatti waa’ee keessan ibsu, akka karoora fayyaa duraanii yookin yeroo ammaa, fi fayyaa yookin haala keessaniin wal qabsiisuu, tajaajilawwan kunuunsa fayyaa keessanii, kaffaltii, yookin uwwisa tajaajilawwan kanneenii irratti fayyadamuu keenya. Innis odeeffannoo komiiwwanii fi uwwisa isaa, fi odeeffannoo fayyaa, kanneen akka wal’aansa fayyaa fi tajaajilawwan isin fudhattanii kan ofkeessaa qabuu dha. Odeeffannoo demograafikaalaa kanneen akka maqaa, teessoo, lakkoofsa bilbilaa fi guyyaa dhaloota keessanii ofkeessaa qaba. Innis odeeffannoo isin irraa dhufu yookin bu’aalee isin hojii nu waliin hojjettaniin, dhaabbata beekamaa ta’een wal qunnamsiisa keenya, kanneen akka galmeessa, mirkaneessawwan duraa, riifaraaliiwwan, murteewwan uwwisaa, komiiwwanii fi odeeffannoo kaffaltii kan ofkeessaa qabuu dha.

Yoo isin miseensa karoora inshuraansii ofii/dhuunfaa karaa mindeessaa keessaniin kennamu taatan, irra caalaan odeeffannoo waa’ee gochaalee iccitii dhuunfaa keessanii karaa mindeessaa keessanii gara keessan kan dhufu ta’a. Odeeffannoo sana argachuuf mindeessaa keessan argadhaa maaloo. Akka misiinsa inshuraansii ofii/dhuunfaa, beeksisawwan kunniin hundi isaanii kan isin ilaallatanii miti. Garuu, yoo karoorri inshuraansii keessan HealthPartners Administrators, Inc. dhaan kan oogganamu ta’e, beeksisawwan muraasa ta’anii akkamiin karoorri keessan HealthPartners dhaan keessumattuu odeeffannoowwan kanneen armaan gadii irratti kan oolani dha. Isaanis:

- “Odeeffannoo keessan”
- Akkamiin nuti odeeffannoo keessan hittisna (“Itti gaafatamummaawwan keenya” jalatti)
- Qorannaa gabaa (“Filannoowwan keessan” jalatti)
- “Karoora keessan ogganuuf” (“Akkamiin nuti odeeffannoo keessan addummaatti itti fayyadamnaa fi kenninaa?” jalatti)

MIRGOOTA KEESSAN AKKA MISEENSA KAROORRA FAYYAATTI

Yeroo gara odeeffannoo fi iccitii dhuunfaa keessanitti dhufu, seera naannoo fi feederaalaa jalatti isin mirgoota barbaachisoo qabdu. Kutaan kunis mirgoota kanneen kan ibsuu dha. Waa’ee isaanii nu gaafadhaa nuti adeemsa, yoo isin gaaffii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu barbaaddan dabalatee isiniif ibsina.

Isin kanneen armaan gadii irratti mirga qabdu:

Waraabbii elektiroonikaalaa yookin waraqaa odeeffannoo keessanii argachuu

- Isin waraabbii elektiroonikaalaa yookin waraqaa odeeffannoo keessanii gaafachuu ni dandeessu.
- Nuti waraabbii yookin goolabbii odeeffannoo keessanii saffisa danda'amaa ta'een ni kennina.
- Yoo galmeewwan nuti isiniif hiruu hin dandeenye yookin daangeffama qabaanne, akka isin hubattan ni goona.

Odeeffannoo keessan akka sirreessinu nu gaafadhaa

- Yoo isin sirrii hin taane yookin hanqina qabu maalif akka yaaddan kan nutti himtan taanaan isin odeeffannoo keessan akka sirreessinu gaafachuu dandeessu.
- Nuti tarii gaaffii keessan "hin ta'u" ni jenna ta'a, garuu maalif akka ta'e saffisa danda'amaa ta'een barreeffamaan isin beeksisna. Dhimma san irratti, waraabbii isin irratti walii hin galle (jecha barreeffamaan isin kennitan) akka olkeenyu nu gaafachuu dandeessu.

Maal akka fayyadamnuu fi kenninu daangessuuf nu gaafadhaa

- Odeeffannoo keessan akka hin fayyadamnee fi hin kennine isin nu gaafachuu dandeessu. Nuti yeroo mara gaaffii keessan hubannoo keessa galchina, garuu dandeettii tajaajila yookin kunuunsa nuti isiniif kenninu kan miidhu yookin yoo nuti sirnawwan keenya irratti jijjiirrama fiduu hin dandeenye ta'e tarii hin ta'u ni jenna ta'a.

Gaaffii wal qunnamtiwwan iccitaawaa

- Haalota adda ta'an kanneen akka (fakkeenyaaf bilbila manaa yookin waajjiraa) yookin ergaa gara teessoowwan biraatti erguu irratti akka isin qunnamnu isin gaafachuu dandeessu.
- Nuti fedhiwwan keessan guutuuf waan filatamaa keenya hunda ni raawwana. Yoo isin balaa irra jiraachuu keessan nutti himtanii nuti hin beekne nuti gaaffii keessaniin dirqama walii galla.

Tarreeffama eenyu odeeffannoo keessan akka fudhatee argachuu

- Isin tarreeffama ("hammantaa") baay'ina dhaabbilee alaa yookin namootii odeeffannoo keessan itti kennine, eenyunii fi maalif akka fudhatee gaafachuu ni dandeessu.
- Nuti yeroo hunda odeeffannoo keessan nuti kennine keessa ni galchina, yoo inni waa'ee wal'aansa keessanii, kaffaltii wal'aansa keessanii yookin hojilee kunuunsa fayyaa fi yeroo biroo odeeffannoo keessan itti kenninu (kanneen akka yoo isin akka isa qoodnu fi gadhiisawwan waa'ee nuti al tokko isinitti himne) yoo ta'e malee.

Waraabbii beeksisa kanaa argachuu

- Isin waraqaa waraabbii beeksisa kanaa eroo kam iyyuu irratti gaafachuu ni dandeessu. Nuti battalumatti kennina.
- Beeksisi kun dabalataanis healthpartners.com irratti ni argama.

Yoo mirgawwan iccitii dhuunfaa keessan akka diiggamanitti isinitti dhaga'ame komii galmeessisuu

- Akka nuti mirgoota iccitii dhuunfaa keessan diigne yoo isinitti dhaga'ame odeeffannoo fuula dhumaa beeksisa kanaa irratti argamu fayyadamuun nu qunnamuun komii keessan kallattiidhan nuti dhiyeeffachuu dandeessu.
- Isin dabalataanis komii keessan gara U.S. Department of Health fi Human Services Office for Civil Rights dhiyeeffachuu dandeessu. Odeeffannoo qunnamtii www.hhs.gov/ocr/privacy/hipaa/complaints/ irraa barbaaddadhaa.
- Nuti komii dhiyeessuu keessaniif tarkaanfii isin irratti hin fudhannu.

FILANNOOWWAN KEESSAN

Haalota muraasa ta'an keessatti, waa'ee nuti odeeffannoo keessan itti fayyadamnuu fi ittiin kenninu ilaalchisee isin filannoowwan dabalataa ni qabdu. Yoo isin haalota armaan gadiitti ibsaman keessaa kan irra caalaatti filattan qabaattan, nuti haa beeknu. Waan akka nuti hujjennu barbaaddan nutti himaa, seera hordofuu keessa qajeelfamawwan keessan ni hordofna.

Isin akka hin godhamne nutti himuu dandeessu:

- Odeeffannoo keessan maatii, hiriyoota dhiyoo keessan yookin kanneen biroo kunuunsa keessan keessatti hirmaatan yookin kunuunsaaf kaffaltii kaffalan waliin qooddachuu.
- Ergamiinsa keenya deeggaruuf maallaqa akka baastan isin waliin qunnamuu. Qorannaa fayyatif odeeffannoo keessan kanneen biroo waliin qooddachuu. (Nuti amma illee hamma nuti seera hordofnetti odeeffannoo keessan qorannoo keenyaaf itti fayyadamna.)
- Qorattoota gabaa nuti isaan waliin kontiraata galle garuu nu waliin qunnamtii hin qabne waliin odeeffannoo keessan qooddachuu. Yoo isin filachuu barbaaddan, healthpartners.com irratti yookin 952-883-5000, yookin lakkoofsa bilisaa, 800-883-2177, yookin TTY 952-883-5127 irratti tajaajila miseensatiif bilbiluun guca guuttachuu dandeessu. Yoo seeran gaafatamne yookin kaayyoolee beekkamtii argachuu fedhii miseensaa guutuuf yookin qu'annaa qulqullinaatif jecha kallattiidhan HealthPartners yookin wal qunnamsiistota qorannoo gabaa isaatin, yookin kanneen birootin amma illee isiniin ni qunnamu.

Nuti kanneen raawwachuu keenyan *dura dirqama eeyama keessan barreeffamaan argachuu qabna:*

- Gabaa omishaalee yookin tajaajilawwan dhaabbilee birootif odeeffannoo keessan fayyadamuu yookin qooduu.
- Yoo dhaabbatni biraa akka isa raawwannu nuuf kaffale yookin yoo omishawwan yookin tajaajilawwan fayyaadhan kan wal hin qabanne ta’an, gabaa omishaalee yookin tajaajilawwan ofii keenyatiif jecha odeeffannoo keessan fayyadamuu yookin qooduu.
- Dhaabbata biraatif odeeffannoo keessan gurguruu yookin erguu.

ITTI GAAFATAMUMMAAWWAN KEENYA

Sababa iccitiin dhuunfaa keessan nuuf barbaachisaa waan ta’ee, fi sababa seera waan ta’eef nuti odeeffannoo keessan ni ithittisna.

- Nuti dirqama itti gaafatamummaawwanii fi gochaalee iccitiin dhuunfaa beeksisa kana keessatti ibsamani ni hordofna.
- Yeroo isin gara miseensummaa dhuftan beeksisa kana akka isin argattan kan goonu fi dirqama onlaayiniin **healthpartners.com** irratti ni maxxansina.
- Nuti beeksisa kana jijjiiruu ni dandeenya, jijjiirramnis odeeffannoo waa’ee keessan irratti qabnu hundarratti ni oolu. Yoo nuti jijjiirrama barbaachisaa taasifne, nuti beeksisa haaraa onlaayiniin ni maxxansina, isinittis ni beeksisna.
- Yoo qaawwi (itti fayyadamnii fi kenniinsi hin eeyyamamne) kan odeeffannoo iccitiin dhuunfaa keessanii balaa irra buusu uumame nuti dafnee akka isin beektan ni goona.
- Akkuma beeksisa kana irratti kaa’ameen alatti akka nuti dandeenyu barreeffamaan isin nu beeksistan malee odeeffannoo keessan itti hin fayyadamnu yookin hin kenninu. Isin yaada keessan yeroo barbaaddanitti jijjiirrachuu dandeessu. Yaada keessan yoo jijjiirattan nuti barreeffamaan haabeeknu mee.
- Odeeffannoo keessan itti fayyadamuuf yookin kennuuf eeyyama keessan barreeffamaan akka gaafannu seerri kan nu gaafatu yoo ta’e, nuti kana hin raawwanna.
- Uwwisa tajaajilaa isiniif kennuu yookin dhiisuuf akkasumas hammamtaa kaffaltii uwwisaa isinii kennuuf nuti odeeffannoo jenetikaalaa keessan hin fayyadamnu.
- Nuti odeeffannoo keessan ni hittisna. Nuti odeeffannoo keessan akka argatan carraa kan kenninu garee istaafii geenya fi kanneen biroo, garuu hammamtaa odeeffannoo sana karoora fi bu’aalee fayyaa keessan ogganuuf isaan barbaachisuun qofa, ulaagaalee seeraa fi beekkamtii argachuu mormuun, yookin yoo kana ta’uu baate akka seerri eeyyamun ta’a. Nuti hittisa fiizikaalaa, elektiroonikii fi bulchiinsaa odeeffannoo keessan eeguf wixineeffamanii fi carraa seeran ala argachuu hittisuuf jecha ni eegna.

Akkamiin nuti odeeffannoo keessan dhugumatti itti fayyadamna yookin kenninaa?

Nuti odeeffannoo keessan dhugumatti haalota kanneen armaan gadiitin itti fayyadamna yookin kennina:

Isin wal’aanuuf (wal’aansa)

Nuti odeeffannoo keessan kan itti fayyadamnu yookin kenninu wal’aansa keessaniif, fi muuxannoo kunuunsaa irra caalaatti qindeeffamee fi nageenyi isaa eeggame isiniif uumuufii dha.

Fakkeenyaaf: Doktorri keessan odeeffannoo waa’ee argannoo fi karoora wal’aansa keessanii nuuf erga. Kanaafuu nuti tajaajilawwan dabalataatif qindeessuuf gargaaruu dandeenya.

Yoo isin balaa tasaa meedikaalaa irraa kan ka’e halla irra jirtaniin eeyyama nuuf kennuu hin dandeenye ta’e, odeeffannoo kennuuf nuti eeyyama keessan akka hin barbaanne hubadhaa maaloo. Dabalataanis, hamma kaayyoo eeyyameef waan ta’eef, dhaabbileen beeksisa kana keessatti hammatamanii jiran odeeffannoo keessan waliin qoddachuuf eeyyama keessan hin barbaadan.

Tajaajilawwan keessaniif kaffaluuf (kaffaltii)

Kunuunsa isin fudhattaniif kaffaltii kennitootaa yookin kanneen birootif nuti odeeffannoo keessan itti fayyadamuu yookin kennuu ni dandeenya.

Fakkeenyaaf: Bu’aalee keessan akka qindeessanii fi seera qabeessummaa fi uwwisa isaa akka mirkaneessan jecha nuti tarii kennitoota keessan ni qunnamna ta’a.

Dhaabbata keenya gaggeessuuf (gochaalee kunuunsa fayyaa)

Qulqullina kunuunsa fi muuxannoo keessanii fooyyessuu fi gochaalee keenya qajeelchuuf nuti odeeffannoo keessan itti fayyadamna yookin kennina.

Fakkeenyaaf: Waa’ee bu’aalee karoora, filannoowwan wal’aansaa yookin omishawwanii fi tajaajilawwan fayyaadhan wal qabatanii isinitti himuuf odeeffannoo keessan itti fayyadamuu fi gadhiisuuf ni fayyadamna.

Karoora keessan oogganuuf

Akkuma karoorri fayyaa bu'aalee inshuraansii guutuu kennutti, yookin akka karoora fayyaa bu'aalee inshuraansii guutuu garee qajeelchuuf gargaarutti, nuti tarii, yoo gaafatame, kaayyolee qajeelcha karooratiif, ulaagaaleen icciti dhuunfaa kan guutaman yoo ta'e karoora fayyaa garee keessaniitif odeeffannoo muraasa ni kennina.

Fakkeenyaaf: Karoora inshuraansii guutuu qabuuf, hamma kaffaltii nuti kaffalchiisnu ibsuuf mindeessaa keessan waliin istaatiiksii muraasa ta'an ni qooddanna.

Nuti tarii haala mijeessitoota keenya (dabalataan akka dhaabbilee walitti dhufeenya qabaniitti beekkaman) kanneen karoora fayyaa keenya oogganuuf gaggeessuuf nu gargaaran waliin odeeffannoo keessan ni qooddanna ta'a. Nuti tarii dabalataanis gareewwan sadaffaa haala waliin hin mijeessine (walitti dhufeenya hin qabne) kanneen akka keenya ta'anii omishaalee yookin tajaajilawwan muraasa ta'e akka kennan nuti kontiraata walii galle waliinis odeeffannoo keessan ni qooddanna ta'a. Nuti akkuma barametti isaan waamna "shariikota daldalaa." Akkuma nuti raawwannutti sharikootni daldalaatis odeeffannoo keessan akka eegan seerri isaan gaafata. Gochaaleen muraasni shariikootni daldalaa bakka keenya ta'anii akka raawwatan kan ofkeessaa qabu tajaajilawwan oggansa dhimmaa fi gochaalee kaffaltii muraasa ta'anii dha. Nuti dabalataanis garee sadaffaa dhaabbilee to'annaa dabalatee, eejansiwwan mootummaa yookin kan dirqama seeraa qabu yookin seeran gaafatamu waliin odeeffannoo keessan ni qooddanna ta'a.

Akkamiin haala biraatin odeeffannoo keessanitti fayyadamna yookin kenninaa?

Fayyaa hawaasaa fi gochaalee seera qabeessa ta'an waliin haala biraatin odeeffannoo keessan akka qooddanu nuuf eeyyamamee yookin gaafatamnee jirra. Kaayyolee kanneenif odeeffannoo keessan qooduu danda'uu keenyan dura nuti haalota seera keessatti guuttamuu qaban hedduu guutuu qabna.

Seera hordofuu

- Yoo seerri feederaalaa yookin mootummaa kan gaafatu ta'e, odeeffannoo keessanitti ni fayyadamna yookin ni kennina.

Gargaarsa fayyaa hawaasaa fi dhimmoota of - eeggannoo waliinii

Abbootii taa'itaa fayyaa hawaasaa yookin eejansiwwan angoo qabeessa biroo waliin haalota muraasa kanneen akka armaan gadii jiranii irratti odeeffannoo keessan ni qoodna:

- Dhukkuba hittisuu
- Yaadachiisa meeshaalee gargaaruu irratti
- Wal nyaatinsa faallaa qorichaalee gabaasuu
- Seeran ala fayyadamuu, dagachuu, jeeqama naannoo yookin yakkawwan naannoo nuti tajaajila itti kenninuu irratti shakkaman gabaasuu
- Balaa cimaa fayyaa yookin nageenya abbaa kam iyyuu irratti ga'u hittisuu yookin xiqqeessuu
- Sirna fayyaa hin mul'anne yookin dagatame kanneen akka odiitii yookin mirkaneessawwan gargaaruu
- Gochaalee mootummaa addaa kanneen akka humna waraanaa, tasgabii biyyoolessaa, tajaajilawwan hittisa pirezidaantii fi tajaajilawwan sirreeffamoofta jedhanii ajajamuu.

Gaaffii arjooma qaamaa fi tiishuu dhaaf deebii kennuu

- Arjooma qaamaa yookin tiishuu gargaaruuf jecha nuti odeeffannoo keessan itti fayyadamna yookin ni kennina.

Qorataa meedikaalaa yookin gaggeessaa sirna awwaalaa waliin hojjechuu

- Qo'ataa du'a shakkisiisaa, qorataa meedikaalaa yookin gaggeessaa sirna awwaalaa waliin odeeffannoo keessan ni qooddanna.

Beenyaa hojjetootaa qabuu

- Komiiwwan beenyaa hojjetootaa keessaniitif odeeffannoo keessan itti fayyadamna yookin ni qoodna.

Komiiwwanii fi tarkaanfiwwan seeratiif deebii kennuu

- Tarkaanfilee seeraa, yookin deebii mana murtii yookin ajaja bulchiinsaa, yookin adeemsawwan seera guutaniif odeeffannoo keessan itti fayyadamna yookin ni qoodna.
- Qondaaltota seera raawwachiistota angawaa ta'an waliin odeeffannoo keessan itti fayyadamna yookin ni qooddanna.

Eeyyama barreeffamaa keessaniin

- Yoo nuti haala beeksisa kana irratti hin qabamneen odeeffannoo keessan itti fayyadamuu yookin kennuu barbaanne, nuti jalqaba irratti eeyyama barreeffamaa keessan argachuu qabna.

ODEEFFANNOO, GAAFFIIWWAN YOOKIN KOMIIWWANIIF

Odeeffannoo dabalataa waa'ee gochaalee iccitii dhuunfaa karoora fayyaa keenyaa fi mirgoota iccitii dhuunfaa keessanii tarii HealthPartners Member Services dhaaf **952-967-5000**, lakkoofsa bilisaa **800-883-2177** yookin **952-883-5127** (TTY) irratti bilbiluun argachuu ni dandeessu. Isin dabalataanis odeeffannoo kanneen onlaayiniin **healthpartners.com** irraa argachuu ni dandeessu. Isin dabalataanis HealthPartners Integrity fi Compliance Hotline **1-866-444-3493** irratti qunnamuu ni dandeessu.

Isin dabalataan dhukkubsataa HealthPartners dhaa?

Gochaalee iccitii dhuunfaa kenniinsa kunuunsaa keenya ilaalchisee isin gaaffii kam iyyuu yoo qabaattanidoo lafa kunuunsaa keessanii irratti nu waliin dubbadhaa maaloo. Isin dabalataanis kanneen armaan gadii irratti nu qunnamuu ni dandeessu bilbilaan:

HealthPartners Integrity fi Compliance Hotline 1-866-444-3493 irratti yookin Park Nicollet Hotline 1-855-246-PNHS (7647) irratti.

DHAABBATNI KEENYA

Beeksisni hun dhaabbileewwan keenya hundaa fi deeggartoota keenya irratti hojjiira oola*:

- Amery Hospital & Clinics
- Capitol View Transitional Care Center
- Group Health Plan
- HealthPartners Administrators (akka hojii gaggeessitoota karoorawwan fayyaa inshuraansii dhuufaa)
- HealthPartners Dental Group and Clinics (Three Rivers Dental Care fi Three Rivers Orthodontics)
- HealthPartners Hospice and Palliative Care
- HealthPartners Insurance Company
- HealthPartners Medical Group and Clinics
- Hudson Hospital & Clinics
- Hutchinson Health
- Lakeview Hospital
- North Suburban Family Physicians
- Olivia Hospital & Clinics
- Park Nicollet Clinic
- Park Nicollet Health Care Products
- Park Nicollet Melrose Center
- Park Nicollet Methodist Hospital
- Regions Hospital
- RHSC
- Riverway Clinics
- TRIA Orthopaedic Centers and Clinics
- virtuwel®
- Westfields Hospital & Clinic
- Istaafii garee meedikaalaa dhaabbilee as keessatti tarreeffaman kam iyyu keessatti tajaajil kennanii
- Sagantaalee fi tajaajilawwan addaa dhaabbilee as keessatti tarreeffaman kam iyyuu keessatti kennamanii
- Gargaartota yookin kontiraaktaroota of danda'oo kanneen qindeeffamawwan kunuunsaa fayyaa qindaa'aa hospitaala keenyaa keessatti hirmaatanii.

Guyyaa 6/1/2022 irraa eegalee

* Akkuma dhaabbatni keenya guddachaa fi jijjiirramaa deemeen tarreeffamni kunis yeroo irraa gara yerootti kan jijjiirramuu dha. Nuti tarreeffama beeksisa keessa jiru kan **healthpartners.com** irratti maxxanfamu irratti ni fooyyessina.

Ibsa Loogii Dhorku Miseensoota Imaammata Fayyaaf

Itti Gaafatamummaa Keenya:

Seerawwan Federaalaa mirgoota ummataa eegan duukaa buuna. Sanyii, halluu, biyya dhaloota, umrii, hir'ina qaamaa yookaan saala irratti hundoofnee loogii hindalaguu. Sanyii, halluu, biyya dhaloota, umrii, hir'ina qaamaa yookaan saala (saala ofii murteeffachuu dabalatee) irratti hundoofnee namoota tajaajila hindhorkinu yookaan bifa walqixa hintaaneen hinsimannu.

- Namootni hir'ina qaamaa qaban akka nuwaliin qunnaman isaan gargaarra. Gargaarsi kun tola kennama. Kan ofkeessatti qabatu:
 - Turjumaanoota ulaagaa guutanii afaan mallattoo hiikan.
 - Odeeffannoo katabbii bifa kabirootiin, fakkeenyaaf maxxansa guguddaa, sagalee fi kuusa kompuutara irratti argamu.
- Namoota afaan Ingiliizii hinhaasofneef yookaan afaan Ingiliizii haasa'uun kan itti hintolleef tajaajiloota nikennina. Tajaajilootni kanneen tola kennamu. Kan ofkeessatti qabatan:
 - Turjumaanoota ulaagaa guutan.
 - Odeeffannoowwan afaan kabirootiin katabaman.

Gargaarsa Afaanii yookaan Qunnamtii Argachuuf:

1-800-883-2177 irratti bilbili gargaarsa afaanii yookaan qunnamtii kabiraa yoo barbaadde (Namoota Dhagahuu Hindandeenye: 711)

Imaammata keenya kan loogii dhorku ilaalchisee gaaffilee yoo qabaatte:

1-844-363-8732 yookaan integrityandcompliance@healthpartners.com irratti Qindeessituu Mirgoota Ummataa qunnamni.

Komii Dhiheeffachuuf:

Sanyii, halluu, biyya dhaloota, umrii, hir'ina qaamaa yookaan saala kiyya irratti hundaa'ee tajaajilootni kanneen naaf hinkennamne yookaan loogii narratti dalagdaniittu jettee yoo amante 1-844-363-8732, integrityandcompliance@healthpartners.com irratti yookaan gara Civil Rights Coordinator, Office of Integrity and Compliance, MS 21103K, 8170 33rd Ave S., Bloomington, MN 55425 tti katabdee Qindeessituu Mirgoota Ummataa qunnamuun komii dhiheeffachuu dandeessa.

Kanarratti dabalee Birkii Fayyaa fi Tajaajiloota Hawaasa Amerikaa (U.S. Department of Health and Human Services), Waajjira Mirgoota Ummataatti (Office for Civil Rights) karaa fuula marsaa intarneeta Waajjira Komii Mirgoota Ummataa <https://ocrportal.hhs.gov/ocr/portal/lobby.jsf>, yookaan gara teessoo armaan gadi argamutti xalayaa katabuun yookaan bilbilaan komii mirgoota Ummataa dhiheeffachuu dandeessa:

U.S. Department of Health and Human Services
Room 509F, HHH Building
200 Independence Avenue SW, Washington, DC 20201
1-800-368-1019, 800-537-7697 (TDD)

<p>Español (<i>Spanish</i>) ATENCIÓN: si habla español, tiene a su disposición servicios gratuitos de asistencia lingüística. Llame al 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>ພາສາລາວ (<i>Laotian</i>) ໂປດຊາບ: ຖ້າວ່າ ທ່ານເວົ້າພາສາ ລາວ, ການບໍລິການຊ່ວຍເຫຼືອດ້ານພາສາ, ໂດຍບໍ່ເສັຽຄ່າ, ແມ່ນມີພ້ອມໃຫ້ທ່ານ. ໂທສ 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>Hmoob (<i>Hmong</i>) LUS CEEV: Yog tias koj hais lus Hmoob, cov kev pab txog lus, muaj kev pab dawb rau koj. Hu rau 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Deutsch (<i>German</i>) ACHTUNG: Wenn Sie Deutsch sprechen, stehen Ihnen kostenlos sprachliche Hilfsdienstleistungen zur Verfügung. Rufnummer: 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>Tiếng Việt (<i>Vietnamese</i>) CHÚ Ý: Nếu bạn nói Tiếng Việt, có các dịch vụ hỗ trợ ngôn ngữ miễn phí dành cho bạn. Gọi số 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>العربية (<i>Arabic</i>) ملحوظة: إذا كنت تتحدث اذكر اللغة، فإن خدمات المساعدة اللغوية تتوافر لك بالمجان. اتصل برقم 1-800-883-2177 (رقم هاتف الصم والبكم: 711)</p>
<p>繁體中文 (<i>Chinese</i>) 注意：如果您使用繁體中文，您可以免費獲得語言援助服務。請致電 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Français (<i>French</i>) ATTENTION: Si vous parlez français, des services d'aide linguistique vous sont proposés gratuitement. Appelez le 1-800-883-2177. (ATS: 711)</p>
<p>Русский (<i>Russian</i>) ВНИМАНИЕ: Если вы говорите на русском языке, то вам доступны бесплатные услуги перевода. Звоните 1-800-883-2177. (телетайп: 711)</p>	<p>한국어 (<i>Korean</i>) 주의: 한국어를 사용하시는 경우, 언어 지원 서비스를 무료로 이용하실 수 있습니다. 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>

<p>Af Soomaali (<i>Somali</i>) OGAYSIIS: Haddii aad ku hadasho afka soomaaliga, Waxaa kuu diyaar ah caawimaad xagga luqadda ah oo bilaash ah. Fadlan soo wac 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Tagalog (<i>Tagalog</i>) PAUNAWA: Kung nagsasalita ka ng Tagalog, maaari kang gumamit ng mga serbisyo ng tulong sa wika nang walang bayad. Tumawag sa 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>Oromiffa (<i>Cushite [Oromo]</i>) XIYYEEFFANNA: Afaan dubbattu Oromiffa, tajaajila gargaarsa afaanii, kanfaltiidhaan ala, ni argama. Bilbilaa 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Italiano (<i>Italian</i>) ATTENZIONE: In caso la lingua parlata sia l'italiano, sono disponibili servizi di assistenza linguistica gratuiti. Chiamare il numero 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>አማርኛ (<i>Amharic</i>) ማስታወሻ: የሚናገሩት ቋንቋ አማርኛ ከሆነ የትርጉም እርዳታ ድርጅቶቻችን በነጻ ሊያገለግሉት ተዘጋጅተዋል። ወደ ሚከተለው ቁጥር ይደውሉ 1-800-883-2177. (መስማት ለተሳናቸው: 711)</p>	<p>ภาษาไทย (<i>Thai</i>) เรียน: ถ้าคุณพูดภาษาไทยคุณสามารถใช้บริการช่วยเหลือทางภาษาได้ฟรี โทร 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>unD (<i>Karen</i>) ဟ်သ့ၣ်ဟ်သး- နမ့ၣ်ကတိၤ ကညိ ကျိၣ်အယိ, နမ့ၣ်န့ၣ် ကျိၣ်အတၢ်မၤစၢၤလၢ တလၢ်ဘျုးလၢ်စ့ၤ နီတမံၤဘျုးသ့ၣ်န့ၣ်လီၤ. ကိး 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>ελληνικά (<i>Greek</i>) ΠΡΟΣΟΧΗ: Αν μιλάτε ελληνικά, στη διάθεσή σας βρίσκονται υπηρεσίες γλωσσικής υποστήριξης, οι οποίες παρέχονται δωρεάν. Καλέστε 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>ខ្មែរ (<i>Mon-Khmer, Cambodian</i>) ប្រយ័ត្ន: បើសិនជាអ្នកនិយាយ ភាសាខ្មែរ, សេវាជំនួយផ្នែកភាសាដោយមិនគិតល្អល គឺអាចមានសំរាប់បម្រើអ្នក។ ចូរ ទូរស័ព្ទ 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Diné Bizaad (<i>Navajo</i>) Díí baa akó nínizin: Díí saad bee yáníłti'go Diné Bizaad, saad bee áká'ánída'áwo'déé', t'áá jik'eh, éí ná hóló, kojí' hódíílnih 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>Deutsch (<i>Pennsylvanian Dutch</i>) Wann du Deutsch schwetzscht, kannscht du mitaus Koschte ebber gricke, ass dihr helft mit die englisch Schprooch. Ruf selli Nummer uff: Call 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Ikirundi (<i>Bantu – Kirundi</i>) ICITONDERWA: Nimba uvuga Ikirundi, uzohabwa serivisi zo gufasha mu ndimi, ku buntu. Woterefona 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>Polski (<i>Polish</i>) UWAGA: Jeżeli mówisz po polsku, możesz skorzystać z bezpłatnej pomocy językowej. Zadzwoń pod numer 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Kiswahili (<i>Swahili</i>) KUMBUKA: Ikiwa unazungumza Kiswahili, unaweza kupata, huduma za lugha, bila malipo. Piga simu 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>हिंदी (<i>Hindi</i>) ध्यान दें: यदि आप हिंदी बोलते हैं तो आपके लिए मुफ्त में भाषा सहायता सेवाएं उपलब्ध हैं। 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>日本語 (<i>Japanese</i>) 注意事項：日本語を話される場合、無料の言語支援をご利用いただけます。1-800-883-2177 (TTY: 711) まで、お電話にてご連絡ください。</p>
<p>Shqip (<i>Albanian</i>) KUJDES: Nëse flitni shqip, për ju ka në dispozicion shërbime të asistencës gjuhësore, pa pagesë. Telefononi në 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>नेपाली (<i>Nepali</i>) ध्यान दिनुहोस्: तपाईंले नेपाली बोल्नुहुन्छ भने तपाईंको निम्ति भाषा सहायता सेवाहरू निःशुल्क रूपमा उपलब्ध छ । फोन गर्नुहोस् 1-800-883-2177 (टिटिवाइ: 711)</p>
<p>Srpsko-hrvatski (<i>Serbo-Croatian</i>) OBAVJEŠTENJE: Ako govorite srpsko-hrvatski, usluge jezičke pomoći dostupne su vam besplatno. Nazovite 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Norsk (<i>Norwegian</i>) MERK: Hvis du snakker norsk, er gratis språkassistansetjenester tilgjengelige for deg. Ring 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>ગુજરાતી (<i>Gujarati</i>) સુચના: જો તમે ગુજરાતી બોલતા હો, તો નિ:શુલ્ક ભાષા સહાય સેવાઓ તમારા માટે ઉપલબ્ધ છે. ફોન કરો 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>	<p>Adamawa (<i>Fulfulde, Sudanic</i>) MAANDO: To a waawi Adamawa, e woodi ballooji-ma to ekkitaaki wolde caahu. Noddu 1-800-883-2177. (TTY: 711)</p>
<p>اُردُو (<i>Urdu</i>) خبردار: اگر آپ اردو بولتے ہیں، تو آپ کو زبان کی مدد کی خدمات مفت میں دستیاب ہیں۔ کال کریں 1-800-883-2177 (TTY: 711)</p>	<p>Українська (<i>Ukrainian</i>) УВАГА! Якщо ви розмовляєте українською мовою, ви можете звернутися до безкоштовної служби мовної підтримки. Телефонуйте за номером 1-800-883-2177. (телетайп: 711)</p>